Seenaa Afrikaa Bara 1945mootan Boodaa (HiED=351)

BOQONNAA Tokko

1.Paan-Afrikaaniziim

GBYXGQ = Gahumsa Barachuu yoo Xiqqaate Goonfatamuu qabu

GBYXGQ ;-Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu xumura boqonnaa kanaatti;-

- Sochiiwwan Paan-Afrikaanizimiin bilisummaa Afrikaaf taasise xiinxaluun nibsita
- Namoota sochii Paan Afrikaa keessatti qooda qabaniifi yaada isaanii adda baasun niqeeqta
- Tokkummaa fi garaagarummaa Paan-Afrikaanizimii fi Nigritudii adda baasuun ni tarreessita

Paan Afrikaanizimii jechuun sochii uummata gurraachaa hundaa jechudha. Namoota sochii kana hoogganuufi qindeessuu keessatti beekamoo ta'an ***Maarkas Gaarvee*** (lammii Jamaayikaa) isa tokko yoo ta'u innis dhaadannoo **gara Afrikaatti deebi'uu ' Back to Africa" jedhu fi** dhaabbata **"Universal Negro Improvement Association" (UNIA) hundeessera**.**H. Siilvestar Wiiliyaams** walga'ii Paan-Afrikaanizimii bifa gurmaa'ina qabuun magaalaa Loondoon keessatti bara 1900tti geggeesse. Walgahii Loondoon booda qindeessaa fi barreesaan sochii Paan-Afrikaaniziim kan ture Dr.Du Booyis(1868-1963) dha.

- ***Yaa'ii 1ffaa Paan-Afrikaanizimii bara 1919 magaalaa Paarisitti.***
- ***Yaa'ii 2ffaa Paan-Afrikaanizimii bara 1921 Loondoon fi Biraaseels.***
- ***Yaa'ii 3ffaa Paan-Afrikaanizimii bara 1923 Loondoon fi Liisboon.***
- ***Yaa'ii 4ffaa Paan-Afrikaanizimii bara 1927 Niiwu Yoorki.***
- ***Yaa'ii 5ffaaaPaan-Afrikaanizimii bara 1945 Maancheestar.***

Yaa'ii 5ffaaan si'a jalqabaatif gaaffii bilisummaa Afrikaa kaaseera.Dhalatoonni ardii Afrikaa ***Yaa'iicha*** irratti hirmaatan akka; ***Kuwame Nikirumaa, Jomoo Keeniyaataa, Peter Abrhaam, Sedar Sengor*****,** fa'a turan. Dabalataniis **ejjennoo Kawamee Nikuurumaa** qabsoo karaa nagaa gaggeessuu isa jedhu akka tooftaatti fayyadamaniiru.

Sochii Nigirituudi; Hundeessaan lammii **Seenegal Seedar Seengor** ture. Nigrituudi =sochii Afrinaannoonni eenyummaa isaanii fi aadaa isaanitti akka boonan kan godhe ture. Gurrachuumman bareedina jechuun ofitti amantummaa gurrachootaa cimseera.

***Mirkaneeffannaa:-** Jechoota asii gadiif hubannoo yoo qabattee saanduqa keessatti mallattoo **"X"** kaa'i, yoo hubannoo hin arganne ta'e irra deebiin dubbisi**.**

- Paan-Afrikaanizimii _____ ☐
- Nigritudii_____ ☐

Boqonnaa (2). Afrikaa fi Waraana Addunyaa Lamaan

2.1. Afrikaa fi Waraana Addunyaa Tokkoffaa (1914-1918)

GBYXGQ ;-Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu xumura boqonnaa kanaatti;-

- Dhiibbaa waraanni addunyaa tokkoffaa fi lammaffaa Afrikaa irraan gahe nibeerressita.
- Dhiibbaa Waraanni Addunyaa 1ffaa gama dinagdeen Afrikaarra geessise ni ibsita

Bara Waraanaa Addunyaa 1ffaa (1914-1918) Afrikaan kolonii warra Awurooppaa waan turteef waraanichi Afrikaarra gama Siyaasa fi dinagdeen miidhaa guddaa irraan ga'eera.

Dhiibbaa Waraanni Addunyaa Tokkoffaa Afrikaa irraan ga'e. Biyyoonni Awurooppaa gurguddoon kolonii Afrikaa keessaa qaban lolicha gara Afrikaa fidaniiru. Bara 1914 waraannichi wayita jalqabamu ***Ingilizii, Faransaayi fi gareen isaanii walta'uun kolonii Jarman irratti waraana labsan. Kanan;-***

Uummanni Keeniyaa fi Tanzaaniyaa kuma dhibba(100,000) ol ta'an ***dhukkuba, beelaa fi hojii dadhabsiisaan lubbuu isaanii dhabaniiru.*** Kaaba Afrikaatti wayita Ingiliziin Turkoota walin wal-loltu midhaan ***nyaata, gaalaa, jirbii fi humna namaa Misiritti fayyadamte.*** Ingiliziin Kolonii ishee **Afrikaa** keessaa loltoota 50,000 ta'an gara baha Afrikaatti geessiteetti. Faransay loltoota lakkoofsi ***150,000 ta'a Dhiha Afrikaa*** filuun gara Awurooppaatti geessiteetti. Humna kana keessaa 30,000 kan ta'an dirree waraana dhiiha Awurooppatti du'aniiru.

Waraana Addunyaa tokkoffaa booda haalli kolonii Jarman attam ture?

Waraana Addunyaa tokkoffaa booda Liigiin biyyoota addunyaa (***League fo Nations)*** bara 1920 hundeeffameera. Dhabbatni kun nagaa fi tasgabbii addunyaa eeguuf kan hundeeffame dha. Ingilizii fi Faransaay kolonii Jarman kan turan akka armaan gaditti qoodataniiru.

****Togoo fi Kameruun-Ingilizii fi Faransayitti, Riwaandaa fi Burundiin-Beejiyeemiif, Tangaanikaan-Ingilizitti, Kibbi Dhiha Afrikaa (Namibiyaan) Kibbaa Afrikaaf kennamte***.

Biyyoonni kunneen Ingilizii fi Faransayitti kan kennaman "Seera yaboo/mandetiin akka bulchaniif ture. Ardii Afrikaan alaitti kolonii Ottomaan Turkii kan turan seeruma Liigii Biyyootaatiin Ingilizii fi Faransaayitti kennamaniiru.

- Siriyaa fi Libaanos – **Faransaayiif,** akkasuma Palestayinii fi Jordaan – **Ingiliziif** kennamaniru

2.2. Afrikaa fi Waraana Addunyaa Lammaffaa. Bara 1935 loltoonni Xaaliyaanii 120,000 ta'an kaaba karaa Eertiraa fi Kibba Somaliyaa irraan Itoophiyaa weeraran. Mootiin Haa'ile Sillaaseen Liigii biyyootatti iyyannoo yoo dhiyeeesseyyuu Liigii biyyoota keessatti bakka guddaa kan qaban Ingilizii fi Faransaayi gaaffii Mootichaaf deebii hin kennine.Booda Xaaliyaaniin gara Kolonii Ingilizii "British *Somali landi* fi Misiriin weerarte. Yeroo kana, Ingilizin kolonii ishee Afrikaa keessaa loltoota filuuchaan Fashistoota irratti lola bante. ***Faransaayii fi Beljiyeemis*** Kolonii isaanii keessaa loltoota filachuun Ingilizii waliin hiriiraniiru. ***Onkololessa 1942, humni waraana Ingilizii fi Ameerikaa waliin ta'uun Kaaba Afrikaa Morookoo fi Aljeeriyaa keessa qubachuun dhiha Misir adda waraana*** **<u>El Alame'in</u>** ***jedhamutti***

faashistoota irratti injifannoo argatan. Bara 1943, humni waraana Fashistootaa Kaaba Afrikaatti barbadaa'e. Waraanichi Libiyaa fi Tunishiyaa irraan miidhaa guddaa ga'eera. Humni waraan Fashistootaa bara 1941 Baha Afrikaatti, bara 1943 ammoo Kaaba Afrikaa irratti barbadaa'e.

Dhibbaa waraanni Addunyaa Lammaffaa Afrikaa Irraan Geessise.

Yeroo waraanni kun gaggeeffama tureetti Afrikaanootni humna namaa fi meeshaalee dheedhii kolonneeffatoota isaaniif deeggarsa kenna turaniiru.

- Faraansaay bara 1943 hanga 1945tti, loltoonni 100,000 ta'an Dhiha Afrikaa irraa dirqamaan lolaaf bobbaafteetti. Afrikaanoonni ***oomisha gurguraa qofa akka oomishan*** fi oomishi Afrikaa gatii xiqqaan akka gurguramu dhiibbaa godhaniiru. Keessumaa Ingiliziin dhimma kanaaf kolonii ishee **keessatti boordii gabaa** to'atu hundeesitee turte.

Mirkaneeffannaa:- Jechoota asii gadiif hubannoo yoo qabattee saanduqa keessatti mallattoo "X" kaa'i, yoo hubannoo hin arganne ta'e irra deebiin dubbisi**.**

- Liigiin biyyoota Addunyaa/***League fo Nations***_____ ☐
- El- Alame'in _____ ☐
- Boordii Gabaa To'atu_____ ☐

Boqonnaan sadii *qabiyyeewwan boqonnaa lamaffaa keessatti dhiyaatan keessa jiru. Waa'ee sabboonummaa biyyoota Afrikaa tokko tokko qabiyyee boqonnaa 1ffaa keessas jiru. Fkf*

- *Waa'ee Nigiritud, Paan- Afrikaanizimii*
- *Waa'ee partiiwwan waafdi (misir),*
- *Ripublikii Riif (Morokoo) …boqonnaa fuul duraa keessatti dhiyaataniiru*

Boqonnaa (4). Bilisummaa Argachuu Biyyoota Afrikaa

GBYXGQ ;-Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu xumura boqonnaa kanaatti;-

- Adeemsa sochii bilisummaa biyyoolessaa Afrikaanotaa adda baasuun ni barreessita.
- Dhimma Jeequmsa koongoo keessatti mudaatee ture xinxaaluun ni ibsita.
- Miidhaa sirni Appartayidii Afrikaa kibbaa irran gahe dubbisuun niqeeqta.

Xumura waraana addunyaa 2ffaan booda haalli bulchiinsa koloneeffatootaa jijjiramaa dhufuun bara 1960 biyyoonni Afrikaa 17 bilisummaa isaanii argataniiru. Kanafiis barri 1960n bara Afrikaanoota jedhamuun beekama. Sababni, waraana addunyaa 2ffaa keessatti ***hirmaachuun Afrikaanoota, tooftaalee waraanaa fi muxxaannoowwaan kanneen biro akka barataniif carraa gaarii uumeefii ture***.

4.1.Bilisummaa Argachuu Biyyoota Kolonii Ingliiz.

A. Bilisummaa Argachuu Gaanaa (Bara 1957).

Qabsoo bilisummaa Gaanaa keessatti qindeessaa kan ture **Dokter Kuwame Nikruumaa** Dhaabbata siyaasaa **(Convections Peoples Party)** jedhamu hundeessun booda pireezedantii jalqaba ta'uun aangoo qabateera.

B. Bilisummaa Argachuu Naayijeeriyaa (1960)

Dhaabbatni siyaasaa bilisummaa biyyatiif qabsaa'a ture ***Kaawunsilii Biyyooleessa Naayijeriyaa*** bara 1944 dhaabbatedha. Hogganan waraana bilisummaa kanas ***Naamdi Aziikwee*** jedhama. .

C. Bilisummaa Taangaanikaa (1963)

Dhaabbatni siyaasaa ***Gamtaa Biyyooleass Afrikaa Taanganikaa*** jedhamu, kan Doktor ***Juuliyees Nereereen*** hogganamun bilisummaa ishee argatte.

Bilisummaa Yugaandaa (1962)

Dhaabbata siyaasaa **Koongrasii Uummata Yugaandaa (Uganda peoples congras**) jedhamu bara 1961 dhaabbaten bilisummaa argatte. Hudeessaan dhaabbatichas Doctor ***Miiilteen Obotee*** jedhama. Bara 1971fonqolchaa mootummaa ajajaa humna waraana Koloneel Idii Amiin Daadaa jedhamuun gaggeeffameen Milteen Oboteeen aangoo irraa bu'eera.

D. Bilisummaa Keeniyaa.

Dhaabbata siyaasaa "Gamtaa biyyoolessaa Afrikaa Keeniyaa" kan hooggansa **Jomoo Keeniyaataa**n hundaa'en bara 1963 ti olaantummaa Ingiliiz jala bilisooman.

Roodeeshiyaa fi Niyaasaalaandii (Malawii). Malawwiin Hooggansa **Hasting Bandan** bara 1964 bilisummaa ishee argatte. Biyyootni laman kun haala qilleensa qonnaa fi horsiisa looniif mijaata ta'e waan qabaniif qubbatoonni adii kan itti heddumatan dha. Ingiliiz haala feedereshiiniin waliitti makuun Roodeshiyaa fi Niyaasaalandi bulcha turte.

Roodeeshiyaa Kibbaa (Zimbaabwee), **Roodeshiyaa Kabaa (Zaambiyaa).**

Bara 1964 Roodeshiyaa Kaabaa erga hooggansa ***Keennat Kawundaan*** bilisummaa argatteen booda Roodeshiyaan Kibbaa qabsoo ulfataa dhaabbni siyaasaa " **Zimbabwe Peoples Union"** fi "**Zimbabwe African National Union**" jedhaman kan **Jooshuwaa Nikoomoo fi Robeert Mugaabeen** hogganaman wal-jala boodan,qabsoo erga gaggeessan booda bara 1980 bilisummaa argatte. Dhaabbileen lama kunis bara 1987 walitti makamuun Pireezedantii jalqaba Robeert Mugaabee taasisuun aangoo siyaasaa qabateera.

E. Qabsoo Bilisummaa Gibxii . Dhaabbatni siyaasaa "Wafd" jedhamuu hundaa'uun bara 1919 irraa kaasee qabsoo gaggeesseen Ingiliiz bara 1922 Gibxiif bilisummaa gar-tokkee kenniteef. Qabsoo dheeraa booda bara 1956 bilisummaa guutuu argachuu dandeessetti.

F. Bilisummaa Sudaan

Sudaaniis bara 1956 bilisummaa ishi kan argatte yommuu taatu ***Ismaa'eel Al-Azaaharii*** mummicha ministeera ta'uun filatameera.

2. Bilisummaa Argachuu Biyyoota Kolonii Faraansaay

A. Bilisummaa Argachuu Morookoo

Sulxaan Mohammad V dhaabbata siyaasaa " Moroco Natioanal Front" jedhamu bara 1950 irraa kaasee hogganaa kan ture. Morookoon bara 1956 bilisummaa argachuun Sulxaan Mohammad V mootii jalqaba ta'eera.

B. Qabsoo Bilisummaa Tuniiziyaa. Dhaabbatni siyaasaa **Niyoo Daasteer** kan Habiib Buurgibaatiin hogganamun bara 1956tti bilisummaa isaani argataniru.

C.Qabsoo Bilisummaa Aljeeriyaa

Dhaabbatni siyaasaa "National Liberation Front" jedhamu waggoota heddutiif qabsoo gaggeessaa tureen bara **1962** bilisummaa ishi kan argatte yommuu ta'u **Ahmad Beenbeellaan** Pirezadantii jalqaba ta'uun aangoo siyaasaa qabataniiru.

3. Bilisummaa Argachuu Biyyoota Kolonii Xaaliyaanii

A. **Qabsoo Bilisummaa Liibiyaa (1951)**

Dhaabbatni siyaasaa obboleyyaan Musiliima nama ***Muhaammad Idriis al-Saanuus*** jedhamuun hogganamu qabsoo gaggeessaa tureera**.** Booda fonqolcha mootummaa gaggeeffameen **koloneel Mohaammed Al-Gaadaaf** bakka bu'eera.

4. Biyyoota Afrikaa Kolonii Poorchugaal Turan

A. Bilisummaa Moozaambikii (Bara 1975 bilisummaa argatte). Dhaabbatni siyaasaa FRELIM (Freate de libertacao de Mozambique) jedhamu bilisummaa biyyaatiif qabsoo gaggeessaa tureera.

B. Bilisummaa Keeppi Vardii. Dhaabbni siyaasaa "**Partido Africano da Independencial Guinii Verde**" jedhamu namticha **Amiilkaar Kaabraa** jedhamuun kan hundaa'e qabsoo gaggeessa turen bara 1974 tti bilisummaa argatetti.

Haftee Sirna Kolonii.

Bara 1960moota booda dhimmootni gama siyaasaafi dinagdeen haala rakkisaa ta'een biyyoota Afrikaa baay'ee keessatti akka waliigalaatti mul'achaa turan, warreen armaan gadiiti:- ***Hooggansa Paartii tokkoo(single-party rule), ka'uumsa mootummoota Abbaa irree, Filannoo sanyii irratti hundaa'ee fi kan yeroo isaa hin eegane, Aangoo seera malee fayyadamuu, Fonqolcha mootummaa, Malaammaltummaa, Lola waliin waliinii(civil war), Walitti bu'insa biyya keessaa, Jeequmsa,ajjeechaa fi dirqiin filachiisuu, oomisha gabaa gosa tokko…***

Niyoo- Koloniyaalizimii

Qabsoon bilisummaa Afrikaa bara 1970moota keessa bifa haaraa yeroo itti hundeeffame. Niyoo-koloniyaalizimiin ***sirna walitti dhufeenya*** biyyoota guddachaa jiranii fi impeeriyaalistootaa ta'ee, kan hundaa'e imaammata impeeriyaalistootaa, samicha biyyoota reefu bilisummaa argatan irratti kan bu'ureeffateedha. Saamicha dinagdeef impeeriyaalistootni biyyoota Afrikaatiif gargaarsa dinagdee gochuuf haal-durewwaan siyaasaa fedhii isaani guutan irratti hundaa'edha. Haala kanaan ***dhimma siyaasaa biyyootaa keessa galuun***, ***yoo mootummaan aangoo irra jiru isan dallansiisee mormitoota irratti kakaasuun, barbaachisaa taanaan ajeechiisuun, bilisummaa biyyootaagaaffii keessa galchaa turaniiru.*** .

<u>Jeequmsa Koongoo (The Congo Crisis</u>)

Wax.30,1960 Beeljiyeem jalaa bilisummaa argachuun Jooseef Kasaavuubuu Pireezidantii jalqabaa yeroo ta'u, Paatiris Lumubaa immoo Muummicha Ministeeraa ta'e.

- **Sababa Walitti bu'iinsichaa**

1. Dhaabbileen siyaasaa gosa irratti hunda'an baayachuu
2. Dhiibbaa bulchiinsa kolonii (Beeljiyeem)

Jeequmsi siyaasaa kutaa Katangaa fi Kasa'ii keessatti mormitootan eegale. **Mooyis Tishoombee** kan kaatangaa yoommu hooggannuu, **Koloojiin immoo** fincila Kasa'ii hoogganaa ture.

Adeemsa Jeequmsichaa

Bara 1961 Kasaavuubuu fi Lumumbaan waldhabuun Lumumbaan aangoo irraa ari'ame. Rakkoo kana hiikuf DH.M.W tattaffii guddaa godheera. Barreessan dhaabbatichaa **<u>Daag Hamaarisk</u>** Joold araaraaf osoo deemuu balaa xiyyaaran lubbuun isaa darbe. **<u>U Taanti</u>** (U Thant) bakka bu'uun rakkoo kana furuuf tattaffii guddaa gudhaniin bara 1963 humna kataanga rukkutun mo'aniiru.Bara 1963 Tishoomben MM ta'e. Yeroo muraasa booda Jeneral Mobuutuu Sesekoo aangoo siyaasaa qabate. Tishoombeen biyya lakkisuun baqate. Mobuutuun warra adii koongoo keessa baasun nageenya koongoo tasgabeessera.Mobuutuu bara 1970-1997 pirezidantii ta'e.koongoos maqaa Zayeer jedhuun mooggase. Mobuutuun abbaa irree ture jedhama. Bara 1997 Laawuret kaabilaa Mobuutuu aangorraa buusee aangoo qabate.

Sirna Appaartaayidii Afrikaa Kibbaa

Maalummaa Appaartaayidii

Appaartaayidii jechuun "garaagartummaa sanyii halluu bu'uureffate" ykn "Segregation on grounds of race," jechuun ibsu. Falaasamni kun jalqabarratti Afrikaa Kibbaa keessatti bara 1948, wayita Paartiin Biyyoolessaa (National Party) filatamee aangoo siyaasa qabatedha. .

Amaloota Sirna Appaartaayidii

- Hariiroon gaa'elaa adii fi gurraacha gidduutti raawwachuu akka hin dandeenye,
- Mana barnootaa, Hoteelota, Daandii gurraachotaa fi adii adda baasuu
- Carraa hojii bal'aan warra adii qofaaf kan murtaa'e ta'uu
- Gurraachonni safara warri adiin qabatanii jiraachuu akka hin dandeenye gochuu. Iddoon warri gurrachaa keessa jiraatan ***Baantustaans jedhama.***

Labsiiwwan/Seerota Gurguddoo Sirna Appaartaayidii hojiirra oolchuuf labsaman

- **Seera/ Labsii Galmee Ummataa /Population Registration Act**) 1950.
- **Labsii Nageenya Hawaasaa fi Fooyya'insa Seera Yakkaa…**

Qabsoo Farra Appaartaayidii Uummata Afrikaa Kibbaa

Mormiin farra-warra adii kan eegale bara 1652, uummanni Kohi-Saan yeroo lafa isaanii irratti *Dachoota* wajjin falmii gaggeessaa turan irraa eegalee ture. Dhaabni ANC bara 1912tti huda'ee qabsoo farra- Appaartaayidii karaa nagaa geggeesa ture. Garuu qabsoon farra-Appaartaayidii bifa gurmaa'een walakkaa Jaarraa 19ffaa keessa Koongireesiin Biyyoolessa Afrikaa (ANC)tiin geggefamuu eegale.

- Bara 1960tti uummanni hiriira nagaa magaalaa ***Shaarpiviillee*** hirmaataa turan humna Pooliisiin yeroo bittinna'u hirmaattota keessaa namootni 69 ajjeefamaniiru.

Kana booda mootummaan sochii Koongireesii Biyyoolessa Afrikaa dhorke. Gochii kun qabsoo uummataa gurraachaa boqonnaa haaraatti kan ceesise dha. Namoota dhaaba Koongireesii Biyyoolessa Afrikaa hoogganan keessaa tokko kan ta'an **Niilsaan Mandeellaan** hidhaa umurii guutuun itti murtaa'ee bara 1964 mana adabaatti darbatamani. Bara 1984tti yeroo duraaf mootummaan Afrikaa kibbaa uummata gurraachaa fi Eeshiyaanotaaf Paarlaamaa keessatti bakka bu'insa muraasa kan kenne yoo ta'u aangoo siyaasaa hin qodiniif hafan.

Xumura Sirna Appaartayidii

F.W. Dee kileerki akkuma aangootti dhufeen jijjiiramoota adda addaa fudhachuu eegalan;- Hidhamtoota siyaasaf dhiifama gochuu fkn. ***Nilson Maldeelaa (1990***)fi kkf, Sochii paartii ANC eeyyamuu, Filaannoon seera qabeessa akka eeyyamamu ***taasisuun Nilson Mandeelaa filannoo bara 1994tiin mo'achuun hanga bara 1999tti bulche.***

Lola Hololaa fi Afrikaa

Biyyoonni ardii Afrikaa kallattii fi al-kallattiin dhiibbaa sirna dinagdee Sooviyeet Raashiyaa (koominizimii fi kan USA (Kaappitaalisimii) jalatti kufuun waraana hololaa keessatti qooda fudhachuuf dirqamaniiru. **Itoophiyaanis** bara dargii 1974-1991tt imammata Sooshalizimii itti fufte. **Angoolaa** Keessatti dhaabonni siyaasaa UNITA fi MPLA hundeeffan UNITA biyyoota

Sooshalisti irraa deggersa yoommuu argatu MPLA immoo mormaa ta'uun jeequmsi guddaan uumame. Booda MPLA hooggansa ***Ediwaardoo Dos Saantoo pirezidantii*** Aangoolaa bara 1992 ta'e. **Moozambiki** keessatti dhaabbanni FRELIMO namicha ***Saamooraa Moo'isees Mika'elin*** hoogganamu yaada sooshalizimii qabu hundeeffame. Mormiin dhaaba RENAMO tiin irratti ka'e.

***Mirkaneeffannaa:-** Jechoota asii gadiif hubannoo yoo qabattee saanduqa keessatti mallattoo **"X"** kaa'i, yoo hubannoo hin arganne ta'e irra deebiin dubbisi**.**

- Roodeeshiyaa _____ ☐
- Niyaasaalaandii _____ ☐
- Appaartaayidii _____ ☐
- Baantustaans_____ ☐
- Niyoo- Koloniyaalizimii_____ ☐

Boqonnaa (6). Hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa

GBYXGQ ;-Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu xumura boqonnaa kanaatti;-

- Dhaabbata Tookkummaa Afrikaa fi Gamtaa Afrikaa adda baasuun ni barreessita
- Dhaabbilee akka Naannootti hundeeffaman adda baasun ni ibsita

Dhaabbatni tokkummaa Afrikaa bilisummaa biyyoota Afrikaa booda bara 1963tti,bakka bu'oonni mootummoota Afrikaa 32n ,magaala Finfinneetti hundeeffame. Adeemsa hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa keessatti gareewwan yaada adda addaa qaban sadii uumamaniiru. Isaanis;

- **Garee kaazaabilaankaa**
- **Garee Monorooviya**a.
- ***Gareen Biraazaavil***.

Kaayyoo Dhaabbata tokkummaa Afrikaa

Dhaabbanni tokkummaa Afrikaa kaayyolee heddu qabaatuyyuu isaan keessaa ijoon ;-

- Bilisummaa, Walqixxummaa fi Mirgoota uummataa Afrikaaf, Daangaa biyyoota Afrikaa kabachiisuu, Sirna kolonii Afrikaa keessa balleessuu dhaaf qabsaa'uu**.**
- .Gamaa siyaasaan, dinaagdeen fi hawaasummaan qabeenyaa uumamaa fi humna namaa walitti fiduudhaan ardii Afrikaa keessatti guddina ariifachiisaa fiduu.

Kaayyoo Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa keessaa galma gahe jedhamee kan yaadamu biyyoota Afrikaa sirnaa ***koloni jalaa baasuufyaaluu*** isaati .

Caasaalee Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa

- **Yaa'ii Waliigalaa(General Assembly)**, **Mana Marii Ministeerotaa (council of ForeignMinisters), Koree Hojii Raawwachiiftuu (secretariat)**, **Komiishina Araaraa**

fi Komiishinoota(dinagdee fi hawaasummaa, (barnootaa, saayinsii,aadaa fi fayyaa), nageenyaa fi tasgabbii fa'adha

Dhaabbatni Tokkummaa Afrikaa hanga tokko hojiiwwan inni raawwate

- Walitti bu'iinsa bara 1964-1965 Aljeeriyaa fi Morookoo gidduutti umame karaa nagaatiin furmaata akka argatu taasiseera. Akkasumas Chaad keessatti bara 1980tti lola waliin waliinii umame karaa nagaatiin hiikeera kan Naayijeriyaas, lola Itiyoo-Somaalee, ittisu yaalera. Bilisummaa argachuu biyyoota Afrikaa booda rakkooleen hedduun ardii Afrikaa keessatti mullataniiru. **Isaanis;- Laafina DH.T.A**

Hoogantoonni mootummoota Afrikaa hedduun isaanii fonqolcha waraanaa walirratti gaggeessuun taayitaa qabaachuu, Walitti bu'iinsa daangaa, Bulchiinsa paartii tokkoo, Walitti bu'iinsa qomoo, sanyiin, amantaan, Hirkannaa dinagdee biyyoota induustiriin badhaadhan irratti, Sudaan kibbaa jidduutti waraanni waliin waliinii yeeroo dheeraaf taasifame.

Hundeeffama Dhaabbilee Sadarkaa Naannootti.

1. **Lixa Afrikaa fi Dhaabbata Naannoo Sanaa**

Waldaa dinagdee Mootummoota Afrikaa Lixaa (Economic Community of West African States) (ECOWAS) bara 1975tti waliigaltee magaalaa Leegoos Naayijeeriyaatti taasifameen dhaabbatee hojii isaa idilee kan eegale bara 1977tti ture

Dhaabbilee Naannoo Baha Afrikaatti

IGAD (Inter-governmental Authority for Development) IGAD inni amma jedhamu kun dhaabbata dura IGADD "Inter-governmental Authority On Drought and Development" isa jedhamu ture. Bara 1986 biyyoota baha Afrikaa jaha, Jibuutii,Itoophiyaa,Keeniyaa,Somaaliyaa,Sudaan fi Ugaandaa dhaan sababa ongee hundeeffame.Eertiraanis 1993 miseensa dhaabbatichaa taateetti. Walitti bu'insa miseensota gidduutti uumamu hambisuuf yaalii taasifame;- ***Walitti bu'insa daangaa Itiyoo-Eertiraa, Walitti bu'insa daangaa Sudaanii fi Eertiraa,Walitti bu'insa daangaa Eertiraa fi Jibuutii fa'a ture.***

Dhaabbilee Naannoo Giddu-galeessa Afrikaa

Dhaabbata SADCC(Southern African Development Coordination Conference) jedhamu bara 1980 hundeeffatan. **Dhaabbata COMESA(**Common Market For Eastern and Southern Africa) dha. Waldaan gabaa waliinii bahaa fi kibba Afrikaa jedhamu kan hundaa'e Sadaasa,1993tti magaala Kaampaalaa,Ugaandaatti ture. Itoophiyaanis miseensa waldaa kanaati.

Kaaba Afrikaa fi Dhaabbata Naannoo Sanaa

Liigii Arabootaa (Arab League) keessatti miseensa ta'anii jiru. Liigiin Arabootaa biyya Eertiraas ni dabalata.Liigiin kun walta'insa amantii fi siyaasaa of keessaa qaba.

Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa Gara Gamtaa Afrikaa (AU) tti Jijjiramu

- **Gara Gamtaa Afrikaatti Ce'umsa godhame**

Bara 1990moota keessa biyyootni Afrikaa dhiibbaa Giloobalayizashiniin ardii Afrikaa irratti mulisaa jiru qolachuuf mari'achuu jalqaba. Bu'uuruma kanaan bara 1999 keessa hooggantoonni Dh.T.Afrikaa fi mootummoonni dhaabbanni Gamtaa Afrikaa (AU) haaraan akka hundeeffamu labsii Sirxee (the Sirte Declaration) dabarsan. Haaromsa Dh.T.Afrikaa tiif gumaachi piresidaantii Liibiyaa duraanii, **koloneel Gaadaafii guddaa akka ture ragaaleen tokko tokko nimulisu.**

Akka labsichatti mulatni gamtichaas hojii Dh.T.Afrikaa(OAU) bifa haaraan fooyyessuun walitti hidhimiinsa dinagdee, hawaasaa ,siyaasaa fi akkasumas aadaa Afrikaa dhugoomsuuf afrikaanonni cimanii ofiin rakkoo isaanii akka furatan, sirna dinagdee giloobaalizeeshiniin keessatti dorgomtoota akka ta'an qaamaa godhu hundeessuu ture. Adeemsa Dh.T.A gara GAtti jijjiramu keessatti walga'iiwwan sadii gaggeeffamanii turan.

- Isaanis: inni jalqabaa, Marii Loomee bara 2000 taa'ameen seerotni labsii gamtichaa akka qophaa'an ta'e. Lammaffaan, walga'ii **Lusaakaa** bara 2001 godhameen sagantaan raawwii (road map of implementation) gamtaa Afrikaa akka qophaa'u ta'e. Walga'ii sadaffaan magaalaa ***Durban*** irratti bara 2002 kan gaggeeffame yennaa ta'u walga'ii isa xumuraa Gamtaa Afrikaa akka hundaa'e dhugoomse dha. Darbaan irratti yaa'ii tokkoffaa hooggantoota biyyoota fi mootummaan godhameen Caasaan Dh.T.Afrikaa murteessoo ta'an gara Gamtaa afrikaatti fooyya'uu danda'eera.

Mirkaneeffannaa:- Jechoota asii gadiif hubannoo yoo qabattee saanduqa keessatti mallattoo **"X"** kaa'i, yoo hubannoo hin arganne ta'e irra deebii dubbisi**.**

- Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa _____ ☐
- Gamtaa Afrikaa_____ ☐
- Marii Loomee _____ ☐
- Walga'ii Durban_____ ☐
- ECOWAS _____ ☐
- COMESA_____ ☐